Abbaa Taayitaa To'annoo Dhaabbilee Misoomaa

Mootummaa Naannoo Oromiyaatti

# Qajeelfama Gurgurtaa Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosona Oromiyaa

Sadaasa 2013

Finfinnee

**Qabiyyee** **Fuula**

1.Seensa....1

2.Mata Duree Gabaabaa....2

3.Hiika....2

4.Daangaa Raawwatiinsa Qajeelfamichaa (Scope)....4

6.IttiGaafatamummaa fi Naamusa(Dirqama)....5

6.1. Ittigaafatamummaa....5

6.2. Naamusa (Dirqama)....5

7.Dhiyeessa Gurgurtaa Dhaabbatichaa....5

8.Qophiiwwan Gurgurtaa....6

8.1.Sakatta'iinsa Gabaa:....6

8.3.Qophii Karoora Gurgurtaa....7

8.4.Gatii Murteessuu:....7

8.4.2.Omishaalee Aangoon gurgurtaan isaa Damee ta'ee....10

8.4.3.Omishaalee Angoon gurgurtaa sadarkaa distiriiktiitti ta'e:....10

8.5.Gurgurtaa Sanyii Mukaa....11

8.6.Istookii omishaa fi meeshaalee addaan baasanii qabachuu....11

9.Adeemsa Hojii Gurgurtaa:....12

9.1.Gosa Gurgurtaa fi Haala Raawwii....12

9.2.Gurgurtaa Dursaa (Advance sales)....12

9.3.Omisha ykn Tajaajila gabaa biyya alaatti gurguramu qaamoolee bittaa geggessan waliin....13

9.4. Gurgurtaa omisha idilee ykn tajaajila kallattii (Regulaar sales)....14

9.5.Gurgurtaa Ajaja Addaa (Special order)....16

9.6.Gurgurtaa Liqii (Credit Sales)....17

9.7.Gurgurtaa Caalbaasii (bid sales)....18

10.Koree Caalbaasii hundeessuu....18

10.1.Aangoo fi Itti Gaafatamummaa koree Caalbaasii:....19

10.2.Aangoo fi Itti Gaafatamummaa Walitti Qabaa koree caalbaasii : ..... 20
10.3.Aangoo fi Itti Gaafatamummaa Barreessaa koree caalbaasii: ..... 20
11.Beeksisa Caalbaasii ..... 21
11.2.Yeroo Turtii Beeksisa Caalbaasii: ..... 22
11.3.Qophii fi Gurgurtaa Sanada Caalbaasii: ..... 22
12.Caalbaasii banuu fi Xiinxaluu: ..... 23
12.1.Caalbaasii Banuu: ..... 24
12.2.Caalbaasii Xinxaaluu ..... 24
12.3.Dorgomaa caalbaasii dorgommii keessaa baasuu ..... 25
12.4.Caalbaasii haquu ..... 26
12.5.Caalbaasii Murteesuu fi Moo'ataa Filachuu: ..... 26
12.6.Waliigaltee Mo'ataa caalbaasii waliin godhamuu qabu ..... 27
12.7.Waliigalteen eega mallattaa'een booda hojii Raawwatamuu qabu ..... 29
12.8.Haala bosonni gaatiraa Faranjii fi Paayinasii dhaabbiitti gurguramu keessummaa'u ..... 29
13.Aangoo Gurgurtaa ..... 30
13.1.Aangoo Dhaabbataa fi Damee waliin qaban ..... 30
13.2.Aangoo Dhaabbataa ..... 31
13.3.Aangoo Damee: ..... 31
13.4.Aangoo Distiriiktii: ..... 32
13.5.Aangoo Giddugala Qophii Kuusaa Sanyii Muka, ..... 32
13.6.Aangoo Paarkiiwwan Biyoolessaa Dhaabbaticha jala jiran ..... 33
14.Daangaa Mallattoo waliigaltee gurgurtaa ..... 33
Tumaalee Adda addaa ..... 33

## 1. Seensa

Aangoo Dambii hundeeffamaa irratti Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosona Oromiyaatiif kenname keessaa tokko gurgurtaa omisha bu'aa bosonaa, omisha muka hin taanee ,Omisha induustirii bosonaa, adamoo seera qabeessa bineensa bosonaa, gurgurtaa bineensa bosonaa fi tajaajila adda addaa raawwachuudha.

Dhaabbatichi aangoo kennameef kana galmaaan gahuuf hojiiwwan gurgurtaa sadarkaa Dhaabbataatti, Dameewwanii, Paarkiiwwanii fi Distiriiktoota; akkasumas caasaa dhaabbatichaa gurgurtaaf aangoon kennameef hunda keessatti gaggeeffaman hojimaata wal-fakkaatu, ittigaafatamummaa fi iftoomina qabuun qajeelfama raawwachiisuu danda'u qopheessuun barbaachisaa ta'ee argameera.

Haaluma kanaan, akkaataa Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiin gurmeessuu, aangoo fi hojii isaanii murteessuuf bahe Lak. 213/2011 keewwata 36 tiin aangoo Abbaa Taayitaatiif kennameen qajeelfamni kun qophaa'ee jira.

**2. Mata Duree Gabaabaa**

Qajeelfamni kun “Qajeelfama Gurgurtaa Omishaa, Bineensa Bosonaa fi Tajaajilaa Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosona Oromiyaa fooyya’ee bahe” jedhamee waamamuu ni danda’a

**3. Hiika**

Akkaataan jechichaa “hiika” biraa kan kennisiisuuf yoo ta’e malee qajeelfama kana keessatti: .

1. “Mootummaa” jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
2. “Abbaa Taayitaa” jechuun Abbaa Taayitaa To’annoo dhaabbilee MisoomaMootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
3. “Boordii Hojii Gaggeessaa” jechuun Boordii Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosonaa Oromiyaa ol’aantummaan Dhaabbaticha kan to’atuu fi gaggeessuu jechuudha.
4. "Dhaabbata" jechuun Dhaabbata Bosonaa fi Boneensa Bosona Oromiyaa jechuudha..“Damee” jechuun Dhaabbaticha jalatti yeroo ammaa caasaan hundeeffamanii kan jiranii fiakka barbaachisummaa isaatti gara fuulduraatti hundeeffamuu kan danda’anjechuudha.
5. "Distiriiktii" jechuun iddoo hojii Damee jalatti caasaan hundeeffamee jiruu fi gara fuulduraatis akka barbaachisummaa isaatti kan hundeeffamuu danda'an jechuudha.
6. “Paarkii” jechuun Paarkiiwwan yeroo ammaa Dhaabbaticha jalatti hundeeffamanii jiranii fi gara fuula duraatti hundeeffaman jechuudha.
7. “Jiddugaleessa sanyii” jechuun caaseffama Dhaabbatichaa jalatti sanyii mukaa kan funaanu qulqulleessuu fi deebisee gurguru jechuudha.
8. “Dambii” jechuun dambii hundeeffama dhaabbata bosonaa fi bineensa bosonaa Oromiyaa lakk.122/2001 jechuudha.
9. “Waldaa Hojjettoota“jechuun Dhaabbaticha jalatti akkaataa labsii 1156/2011 keewwata 2(2)n hundeeffamee fi dhaabbaticha waliin waliigaltee/ahaadii gamtaa kanmallatteesseedha.
10. “Daarektara Ol’aanaa” jechuun Ogganaa Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosonaa

Oromiyaa ol’aantummaan akka gaggeessuu Boordii Hojii Gaggeessaa Dhaabbatichaan kan muudame jechuudha.

11. “Daarektara Daareektooreetii Karoora fi Gabaa” jechuun hojiiwwaan Karoora fi gurgurtaaDhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosonaa Oromiyaa kan ogganu jechuudha.

12. “Hojii Gaggeessaa” jechuun hojii gaggeessaa Waajjira Bosonaa fi BineensaBosonaa Damilee jechuudha.

13. “Omisha bu’aa bosonaa muka ta’an” jechuun gudeelcha gosa adda addaa, utuboota,muka ijaarsaa, muka qoraanii, cilee, muka dhaalamee, bosona dhaabbiittigurguramuu, haftee omisha bosonaa fi kkf jechuudha.

14. “Omisha bu’aa bosonaa muka hin taane” jechuun omisha bosona keessaaargamanii kanneen muka hin taane: damma, ixaana/haphee, leemmana, bunabosonaa, urgooftuu adda addaa, kuduraa, muduraa, sanyii mukaa biqiltuu fi kkfjechuudha.

15. “Bineensa bosonaa” jechuun bineensota madaqaan ala ta’an lafa irra ykn bishaan Keessaa kan luubbun jiru ykn kan du’ee, ykn qilleensa keessa kan balali’u, kan lafee dugdaa qabu ykn kan hin qabnee fi bakka naannoo jireenya uumama isaanii waliin jechuudha.

16. “Bu’aa bineensa bosonaa” jechuun samuda bineensa bosonaa ykn qaama bineensa bosonaa kan akka buphaa, zibaadii, gogaa, gaafaa, qeensa, ilkaan arbaa, foon, rifeensa laboobaa, “goofila” (trophy) akkasumas waantota kana irraa hojjatamanii fi bu’awwan bakka jireenya bineensa bosonaa irraa argaman kan akka gola simbirroo fi kkf jechuudha.

17. “Meeshaa woorkishoopii” jechuun meeshaalee workshoppii keessatti hojjetamanii bahanii tajaajila manaa, Biiroo, Manneen Barumsaa, Hoospitaala fi Manneen Murtiif akkasumas, ijaarsa adda addaaf kan oolan jechuudha.

18. “Omisha induustirii bosonaa” jechuun teekinooloojii adda addatti fayyadamuun bu’aa bosonaa gara omishaa adda addaatti jijjirame jechuudha. Fakkeenya, omisha MDF,Play wood, xaawulaa, mooraalee, parkee, moostiraa, , zokoloo, kifafii, zayitaa baargamoo fi kkf dha.

19. “Meeshaalee” jechuun konkolaataa fi maashinaroota osoo hin dabalatin horataalee/qabeenyawwaan socho’anii fi hin sochoonee jechuudha.

20. “Gurgurtaa” jechuun bu’uura qajeelfama kanatiin kan raawwatamu omishaa, bineensa bosonaafi tajaajila dhaabbatichi dhiyeessu gara maallaqa biyyaa keessaa fi alaatiin jijjiiruu jechuudha.

21. “Tajaajila “jechuun qabeenya ijaan mul’atu fi hin mul’anne tokkotti fayyadamuun haala qabeenyichi faayidaa maamilli irraa barbaaduu argamsiisuu danda’u uumuu jechuudha. Fakkeenya Kiraa konkolaataa, kiraa Gamoo, Gurgurtaa Kaarboonii, Gurgurtaa Ikoturiizimii fi kkf
22. “Gurgurtaa Duursaa” jechuun omishaa yknTajaajila dhaabbatichi gabaa biyya alaatti dhiyeessu, Waajjiraalee Mootummaa fi Dhaabbileemisooma Mootummaatti gurguramu fi Meeshaalee woorkishoopii adeemsa gurgurtaa duraatiin raawwatamu jechuudha
23. “Gurgurtaa idilee” jechuun Omishaalee ykn Tajaajila dhaabbanni kallattii caalbaasii malee harkaa fi harkatti gurguru jechuudha.
24. **“**Gurgurtaa Ajaja Addaa” jechuunDhaabbatichi ajaja omisha yeroofomishee gurguraa hin jirre akkasumas omishe of-harkaa qabu caala yoo gaaffiin dhiyaate ykn bosona gurgurtaaf dhiyaate ka’umsa caalbaasiitiin ol kafalee bitachuuf gaafii yoo dhiyeese dursa ajajicha fudhachuun bu’a qabeessumman isaa eega xinxaalamee booda gurgurtaa nraawwatu jechuudha.
25. “Gurgurtaa Liqii” jechuun meeshaalee biiroo fi manaa, akkasumas omishaalee adda addaa kafaltii gatii dura waliigaltee raawwachuun omisha ykn meeshaalee gurgurtaaf dhiyaate eega fudhatanii booda yeroo murtaa’e keessatti kafaltii raawwatamu jechuudha.
26. “Gurgurtaa Caalbaasii” jechuun beeksiifni caalbaasii erga ifa ta’ee ykn affeerraan yeroo taasifamee jalqabee mo’aataan caalbaasichaa addaan bahee waligaltee hanga malleetteessutti adeemsa raawwii jiru ibsudha.
27. “Biqiltuu” jechuun biqilaa pootiidhaan ykn pootiidhaan ala buufata biqiltuu keessatti sadarkaa isaa eegee sanyii mukaa irraa qophaa’udha.

## 4. Daangaa Raawwatiinsa Qajeelfamichaa (Scope)

Qajeelfamni kun caasaalee Dhaabbatichaa hunda keessatti adeemsa hojii gurgurtaa omishaalee adda addaa, bineensa bosonaa fi tajaajila hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

## 5. Kaayyoo

Dhaabbatichi caasaa isaa hunda keessatti omishaa, bineensa bosonaa fi tajaajila adda addaa bal’inaan maammiltootaaf dhiyeessan haala iftoomina qabuu fi seera qabeessa ta’een gurguruun

galii dhaabbatichaa guddisuun guddina dinagdee waliigalaa keessatti ga’ee irraa eegamu bahuudha.

## Kutaa Lama

## 6. IttiGaafatamummaa fi Naamusa (Dirqama)

### 6.1. Ittigaafatamummaa

Maanejimeentii Dhaabbataa, itti gaafatamttoonni sadarkaa sadarkkaan jirani fi hojettootni hojii gurgurtaa raawwachuuf ramadaman qajeelfama kana haala sirrii ta’een hojii irra olchuu fi akka oolu taasisuuf itti gaafatamummaani qabaatu.

### 6.2. Naamusa (Dirqama)

1. Hojjettootni haala kamiiniyyuu hojii gurgurtaaomishaa fi tajaajila irratti hirmaatan maamiltoota Dhaabbatichaa kamiinuu waliin qunnamtii faayidaa waliin wal qabatan kamiyyuu raawwachuun dhorkaa dha.
2. Hojjettootni bu’uura carraa hojiitiin iccitii gurgurtaa waliin walqabatefaayidaadhuunfaa isaanii argachuufykn argamsiissuuf qaama biraaf dabarsanii kennuun dhorkaa dha.
3. Hojjettootni hojii gurgurtaa irratti ramadaman, koree caalbaasii fi ittigaafatamtoonni gurgurtaa mirkaneessan harshammeewwaanii fi ragaawwan gurgurtaa isaan bira jiru haala amansiisaata’eeniddoo gaarii kaa’uu qabu.
4. Hojii gurgurtaaf xiyyeeffannoo barbaachisaa kennuudhan kutaa hojichaa fi koreen gurgurtaa hojii isaanii seeraan raawwachuu isaani hordoffii gochuu, akkuma barbaachisaa isaatti tarkaanfii sirreessaa fudhachuu
5. Hojjetaan Dhaabbatichaa caaseffama isa jala jiran haala kamiinillee kennaa faayidaa wajjin wal qabate maamiltoota (dorgomtoota) omishaa fi tajaajila bitan irraa fudhachuu hin qabu.
6. Dorgomtoota gidduutti loogii uumudhaan faayidaa adda addaa argachuun/argachisuun dhorkaadha.

## Kutaa Sadii

## 7. Dhiyeessa Gurgurtaa Dhaabbatichaa

Dhaabbatichii fi Waajjiraaleen caasaa isaa jalatti hundeeffaman keessatti omishaawwanii fi tajaajilootni armaan gaditti ibsaman gurgurtaaf ni dhiyeessu.

1. Omisha bu’aa bosona muka ta’an ( timber forest Products
2. Sanyii mukaa,

3. Omisha bu’aa bosonaa muka hin taane (Non timber forest product)
4. Omisha Industrii bosonaa
5. Meeshaalee Workishoopii,
6. Adamoo seera qabeessaa, lubbuun gurguruu bineensaa fi bu’aa bineensa bosonaa,
7. Tajaajila adda addaa (Ikoo turiizim, kiraa gamoo, konkolaataa fi
8. Maashinarootaa fi kkf,
9. Meeshaalee Tajaajilaan alaa ta’an,
10. Omishalee dhaalame,
11. Biqiltuu mukaa,
12. Gurgurtaa kaarboonii,

## 8. Qophiiwwan Gurgurtaa

Hojiin gurgurtaa omishaa, meeshaalee, mi’aa ykn tajaajilaa of eegganoo guddaa fi qophii duraa kan barbaadu waan ta’eef duursa qophiiwwan armaan gadii godhamuu qabu.

### 8.1. Sakatta’iinsa Gabaa:

Karoorri gurgurtaa omishaa, bineensa bosonaa fi tajaajilaa osoo hin qophaa’iin dura,

a. hammantaa omisha fi qulqullina omishaa dhaabbatichaa;

b. baayinaa fi qulqullina omisha dorgomttootaa (Quantity and quality of competitors’ products),

c. fageenyaa, teessuma bakka omishaa fi haala qilleensaa (Proximity and topography of the product area/site and Weather condition)

d. humna maammiltootaa ( purchasing power of customers) tilmaama keessa galchuun Daarektooreetii Karoora fi Gabaa qaamoolee dhimmi ilaallatu hirmaachisuun qorannoo fi sakatta’iinsi gabaa yeroo yeroon geggeessuun dhaabbatatti dhiyeesuun ni mirkaneesisa.

### 8.2. Yeroo qorannoo fi sakatta’iinsi gabaa kun geggefamu xiyyeefannoo argachuu kan qaban:

a) Adeemsa gurgurtaa baroota darbanii yeroo walfakkaatu fi hammantaa omishaa dhaabbatichi bara baajatichaa keessa gurguruuf karoorffate qorachuu, qulqullina omishaa irratti ragaa fi yaada daarektooreetii/adeemsa hojii omishi gurgurtaaf dhiyaate jala jiru fi yaada maammiltoota irraa dhiyaatuu fi raawwii kurmaanicha keessa jiru tilmaama keessa galchuun ni raawwatama.

b) Omishoota gabaa irratti fudhatama qabanii fi barbaadaman qorannoon adda baasuunbaay'inaa fi qulqullina barbaadamuun akka omishamaniif ragaa qabachuu,

c) Darektooreetii Misoomaa fi Itti fayyadama bosonaa fi Industirii bosonaa, bakka barbaachisaa ta'etti adeemsa hojii misoomaa fi itti fayyadama bosonaa, induustirii bosonaa Damilee dhimmichi ilaaluuf fedhii gabaa dhiyeessuun omishichi omishamuu danda'uu fi dhiisu isaa irratti waliigaluu,

d) Omishin fi tajaajilli dhaabbatichaa maqaa (brand) fi qulqullina isaa eeggatee haala gurgurtaatiin fayyadamtoota bira ga'uu isaa fi isaan biratti beekamuu isaa mirkaneessuu,

e) Qorannoo fi sakatta'iinsi gabaa yeroo gabaabaa, giddu galeessaa fi yeroo dheeraa adda baasuun kan raawwatamu yoo ta'u adeemsi isaas haala qabatamaa yeroo waliin kan deemu ta'a.

## 8.3. Qophii Karoora Gurgurtaa

Haala gabaa (demand and supply), ammanta omisha caasaan dhaabbatichaa omishuu, omishabosona keessa bule, meeshaa/mi'a osoo hin gurguramiin gara bara bajatichaatti darbe tilmaamakeessa galchuun karoorri gurgurtaa ni qophaa'a. Adeemsi karoorichaas kanneen armaan gadii ni qabata.

1) Omisha bara bajatichaa keessa ni gurgurama jedhamee yaadame gosaan, ammantaan, gatii fi bakka omishaatiin addaan baasuun guca ittiin hordofamu qopheessuu,
2) Omisha ni gurgurama jedhamee yaadame haala gurgurtaa fi tamsaasaan (sales &distribution channels), addaan baasuun hojii piromooshinii barbaachisu karoorsuu,
3) Omisha gurguramu ji'aan, kurmaanaan, waggaan akkasumas akka barbaachisummaa isaatti guyyaa fi torbaaniin gurguramuuf kan karoorfame haala to'annaa fi hordoffiif tolutti gabatee keessatti tartibaan qopheessuu,
4) Hojiiwwan gurgurtaa cimisuuf gargaaran kan akka egzibishiinii fi agarsiisa omishaa (exhibition & trade fair) adda addaa, broosharii fi beeksisa barbaachisu adda baasuun sadarkaadhaabbataatti raawwatamuuf ni karoorfama.
5) Ragaalee gurgurtaa, tamsaasa omishaa, baasii bulchiinsa waliigalaa ilaalan Daarektera Faayinaansii Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenyaa ykn adeemsa hojii faayinaansii, bittaa fi bulchiinsa qabeenyaa Damilee fi Daarekteroota/Adeemsaalee hojii teekiniika dhimmi ilaalugaafachuun baasiiwwan barbaachisan (baajata) qopheessuudha.

## 8.4. Gatii Murteessuu:

### 8.4.1. Omishaa fi Tajaajila gurgurtaa aangoon isaa waajjira ol'aanaa ta'e

1. Gatii omisha bosonaa, omisha bosonaa muka hin taanee, omisha induustirii bosonaa murteessuuf sakatta’insa fi qorannoo gabaa gaggeeffame bu’uureeffachuun barbaachisaa dha. Gatiin isaanii kan murtaa’u akkaataa amalaa fi adeemsa hojii isaanitti garaagarummaa niqabaatu.
2. Omishaalee, Tajaajila, Meeshaa tajaajilaan alaa yeroo gurguraman gatiin isaanii Daarektoreetii (Adeemsa) Karoora fi Gabaa fi qaama dhimmi ilaalu irraa koree hundeessuun gatiin gurgurtaa qoratamee Manaajimentii sadarkkaa sadarkkaan jiruun mirkannaa’a.
3. Maanejimeentiin dhaabbataa hojii saffisiisuuf jecha akka barbaachisummaa isaatti qaamoolee (koree)yeroo yeroon gatii ka’umsaa kana xiinxalee murteessu bakka buusuu ni danda’a.
4. Gatiin gurgurtaa xaawulaa, gudeelcha gaatiraa fi paayinasii guyyaa Maanejimeentii dhaabbataan mirkanaa’e irra eegalee ji’a jahaaf gatii ka’umsa gurgurtaa ta’ee kan tajaajilu yoo ta’u, Maanejimeentiin dhaabbataa bu’aa qaba jedhee yoo itti amane yeroo turmaata ka’umsa gatii dheeressuus ta’ee gabaabssuu ni dandta’a. Haa ta’u malee gatiin qoratame kun waggaa tokkoo ol tajaajiluu hin danda’u.
5. Yeroo gatiin itti qoratamu inni duraa ji’a adoollesaa inni lammaffaan ji’a amajjii ta’a.
6. Omishini baargamoo dhaabbiitti gurguramu gatiin, gosa mukaa, haala daandii, nageenyaa fi sadarkaa qulqullina bosonaa (stand quality) tokko tokkoon gosa omishaa (assortiment) qoratamee mirkanaa’uun kan murtaa’u ta’a.
7. Konseeshinii Dhaabbataa keessatti lafa bosonni irra jiru tajaajila misooma biraatiif akka ooluu Mootumaan/qaama aangoo qabuun hataattaman akka ka'u yoo ajajamee, bifa addatiin hojimaata beenyaa fi kkf bu'urefachuun koree gatii murteesuun xiinxalamee manaajimentii sadarkaa sadarkaan jiruuf dhiyaatee murtii kan argatu ta'a.
8. Gatiin omisha utubaa dhaabbanni qopheesee gurgurtaaf dhiyeesu bifa addaatiin koree

gatii qoratuun xiinxalamee waggaa waggaan manaajimentii dhaabbataan kan mirkanaa’u ta'a.

9. Omisha fi tajaajila gosa adda addaa Dhaabbanni kaampaanii adda addaa waliin waliigalteen yeroo dheeraa waggaa tokkoo fi isaa oliin dhiyeesuuf yoo waliigale gatiin isaa bifa addaan koreen qoratamee manaajimentii dhaabbataan kan mirkanaa’u ta'a.

10. Omisha ykn Tajaajila gabaa biyya alaatti dhiyaatu Daarektoreetiin Karooraa fi Gabaa gatii gabaa addunyaa xiinxalee dhiyeesuun manaajimentiin kan murtaa’u ta'a.

11. Omisha Warshaa ykn Woorkishoopii ykn tajaajila adda addaa dhaabbanni bifa haarawan dhiyeesuu gabaa keessatti beeksiisuu fi gabaa hawwachuuf gatii gurgurtaa omishichaa yeroo murtaa’eef turuu danda'u koreen qoratamee manaajimentiin kan murtaa’u ta'a.

12. Gatii adamoo bineensa bosonaa, bu’aa bineensa bosonaa fi kiraa lafa adamoo bu’uura Dambii Mana Maree Ministeerootaa lakk.163/2001 bahee fi akkaataa gara-fuula duraatti Dhaabbatichaan fooya’ee bahuun kan murtaa’u ta’a.

13. Gatiin omisha muka hin taane ( Ixaanaa, Zayitii baargamoo, Dammaa, Shimalaa fi kff) Damee irraa qoratamee dhiyaate koree waajjira ol'aanaan xiinxalamee manajimentii dhaabbataan mirkanaa’a.

14. Gatii tajaajila Ikoo- Turizimii Dhaabbatichaan waggaatti yeroo tokko qoratamee manaajimentii Dhaabbatichaatiin kan murtaa’u ta’a.

15. Gatiin tajaajila adda addaa koreen qoratamee manaajimentii sadarkaa sadarkaan jiruun kan murtaa’u ta’a.

16. Koreen gatii xiinxaluu fi yaada murtii dhiyeesuu Daarekteera Ol aanaa Dhaabbatichaan ykn Itti Aanaa Daarekteera Ol aanaa ykn Daarekteera Deeggarsaan kan hundeefamu ta'a. Gatiin koree kanaan xiinxalamee dhiyaatu aangoon gurgurtaa waajjira ol'aanaa yoo ta'e

manaajimentiitti dhiyaatee kan mirkanaayu yoo ta'u omisha ykn tajaajila aangoon gurgurtaa dameef ta'ee Daarekteera Ol aanaa Dhaabbatichaa ykn Itti Aanaa Daarekteera Ol aanaa ykn Daarekteera Deeggarsaan kan mirkanaa'u ta'a. Omisha ykn tajaajila gurgurtaan isaa aangoo Distiriiktiifta'e Hojjii Gaggeessaa Dameef dhiyaatee kan mirkanaa'u ta'a.

17. O

misha ajaja addaatiin gaafatamee gatii ka'umsaa hin qabnne koreen qoratamee manaajimentii Dhaabbatichaatiin kan murtaa'u ta'a.

### 8.4.2. Omishaalee Aangoon gurgurtaan isaa Damee ta'ee.

1. Karoora fi Gabaa qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun qoratee dhiyeesse Maanejimeentii
2. Dameen eega mirkanaa'ee booda Mgt.Dhaabbataa ykn kan inni bakka buussuun
3. dhiyaachuun ni raggasifama.
4. Gatiin yeroo tokkoof qoratame ji'a jahaaf gatii ka'umsa gargurtaa ta'eetti tajaajila. Yeroo murtaa'e kana keessatti Maanejimeentiin Damichaa bu'aa qaba jedhee yoo itti amaneyeroo turmaata gatii kanaa ol kaassuu fi gadibuussuu ni danda'a. Ta'us turtiin isaa waggaa tokko caaluu hin danda'u. Yeroon gatiin omishaa ykn tajaajilaa itti dhiyaatuu fi mirkanaa'u ji'a adoollesaa fi amajii bara bajata sana keessa ta'ee akka barbaachisummaa isaatti Mgt dhaabbatichaa yeroo kana fooyyessuu ni danda'a.
5. Meeshaalee woorkishoopii ilaalchisee, dizaayiniin dursa harka jiru yoo ta'e gatii ka'umsa gurgurtaa Adeemsi hojii karooraa fi gabaa, Adeemsa hojii Industrii Bosonaa fi Faayinaansii, Bittaa fi Bulchiinsa qabeenyaa Damee waliin ta'uun qoratee maanejimeentiidameetti dhiyaatee akka murtaa'u ta.a.
6. Dizaayinii fi ajaja haarawa maammilli dhiyeeffate yoo ta'e Adeemsi hojii karoora fi Gabaa fi Adeemsa hojii industrii Damee waliin ta'uun qoratanii manaajimentii dameen ni mirkaneessisu.
7. Qorannoon Damee irraa dhiyaate akka barbaachisummaa isaatti maanejimentiin dhaabbataa gatii ka'umsa gurgurtaa manaajimentii dameen mirkanaa'e fooyyessuu ni danda'a.

### 8.4.3. Omishaalee Angoon gurgurtaa sadarkaa distiriiktiitti ta'e:

1. Omishaaleen aangoon gurgurtaa isaanii sadarkaa distriiktiif kenname gatiinisaanii Adeemsi hojii Karoora fi Gabaa qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun qoratee Maanejimeentii distriiktiineega mirkanaa'ee booda Maanejimeentii Dameetti

dhiyaachuun ni raggasifama.Haalli murtiinisaa ittin raawwatame waajjira Dhaabbataaf ni dhiyaata.

2. Gatiin yeroo tokkoof qoratame ji'a jahaaf gatii ka'umsa gargurtaa ta'eetti ni tajaajila. Kana ta'us maanejimeentiin distiriiktii gatii ka'umsaa gurgurtaa fi yeroo turmaata gatii ka'umsaa fooyyessuu ni danda'a. Yeroon gatiin omishaa ykn tajaajilaa itti dhiyaatuu fi mirkanaa'u ji'a adoolessaa fi amajjii bara baajata sana keessa ta'ee akka barbaachisummaa isaatti manaajimentiin dhaabbatichaa yeroo kana fooyyessuu ni danda'a.

3. Gatiin gurgurtaa biqiltuu sadarkaa Distiriktii qoratamee Dameen eega mirkannaa'eebooda dhaabbata beeksissuun akka gurguramu ta'a.

### *8.5. Gurgurtaa Sanyii Mukaa*

**1.** G
atiin sanyii mukaa fi biqiltuu Jiddugala Sanyii Mukaa Diimaatiin qophaa'u, jiddugalichaan qoratamee Dhaabbata irratti Mgtn ykn kan isaan bakka bu'uun kan mirkanaa'u ta'a.

**2.** G
urgurtaa ija maangoo,

**3.** Ijj
i maangoo osoo hin bilchaatiin dura inveentariin isaa ni fudhatama.

**4.** In
ventariin fudhatame tilmaamni isaa eega beekamee booda gatii ka'umsaa waliin akka

**5.** mirkanaa'u Dhaabbataaf ni ergama. Gatii Dhaabbatichaan mirkanaa'eenDameen

**6.** beeksisa baasee bakka adda addaatti qooduudhaan dhaabbiin akka gurguramu ta'a.

**7.** Caalbaasii mo'ataan gatii itiin mo'ate dursee kan kafalu ta'u,

**8.** Qajeelfama kana lakk 8.8.1 hanga 8.8.2 kan caqasameen kan hin gurguramne yoo ta'e

**9.** Mgt.Damee gatii ka'umsaatiin daldalaa fedhii qabutti ykn IMX naannoo sanatti gurmaa'ee jirutti ni gurgura.

### 8.6. Istookii omishaa fi meeshaalee addaan baasanii qabachuu

1. Adeemsi Hojii ykn Daarektooreetiin Misoomaa fi Ittifayyadama bosonaa, Industriiosonaa fiFaayinaansii, Bittaa fi Bulchiinsa qabeenyaa omisha yknTajaajila ykn Meeshaalee tajaajilaan ala ta'an gurguramuu qaban baay'inaa fi gosa isaanii ibsuun gara Adeemsa Hojii ykn Daariktooreetii Karooraa fi Gabaatiif ni dabarsa.

2. Adeemsi Hojii ykn Daarektooreetiin Karooraa fi Gabaa ragaa istookii isaa eega qindeeffatee booda akkaataa qajeelfama gurgurtaa kanaatiin gurgurtaa raawwata.
3. Omishaalee ykn Tajaajila ykn Meeshaalee ragaan isaanii Damee fi Distriiktii irraa dhufuun Dhaabbata irratti xinxalli isaanii gaggeeffama, Qabeenya gurguramu kamiyyuu Dameen ragaa isaanii qindeessee haala gaafii Dhaabbanni dhiyeessuun yeroo isaa eeguun dhaabbataaf ni dabarsa.
4. Istookiin xaawulaa torbee lama lamaan jechuun omisha guyyaa 1 hanga 15tti omishame hanga guyyaa 18tti, omisha guyyaa 16 hanga 30tti omishame ji'a itti aanu hanga guyyaa sadiitti Dhaabbataaf dabarssuu qaba. Kun akkuma jirutti ta'ee omishini gahaan yoo jiraate guyyaa kana osoo hin eegiin dhiyaachuu ni danda'a.
5. Istokiin xaawulaa fi ragaa omishaalee biroo yeroon qindaa'ee ergamuu dhabuun rakkoo gurgurtaa irratti uumamu kamiifuu Damee dabalatee qaamoleen kallatiidhaan ilaallatu itti gaafatamummaa qabu.

## Kutaa Afur

## 9. Adeemsa Hojii Gurgurtaa:

### 9.1. Gosa Gurgurtaa fi Haala Raawwii

DhBBBO kaayyoo hundeefameef galmaan gahuu fi seeraan galii mataa isaa maddisiisuufomishaa fi tajaajila dhaabbatichaa gosa shanitti qooduun gurgurtaan isaanii ni raawwatama.Gurgurtaaleen dhaabbatichaan raawwataman hunduu akkaataa Caasaa Dhaabbatichaan karaa Daarektoreetii ykn Adeemsa Hojii Karoora fi Gabaa ta'a. Gosoota gurgurtaan itti raawwataamanis,

a) Gurgurtaa Duursaa (Advance sales)
b) Gurgurtaa omisha idilee (Regulaar sales)
c) Gurgurtaa Ajaja Addaa (Special order)
d) Gurgurtaa Liqii (Credit Sales)
e) Gurgurtaa Caalbaasii (bid sales)

### 9.2. Gurgurtaa Dursaa (Advance sales)

a) Omishaa ykn Tajaajila dhaabbatichi gabaa biyya alaatti dhiyeessu, Waajjiraalee Mootummaa fi Dhaabbilee misooma Mootummaatti gurguramu fi Meeshaaleen

woorkishoopii adeemsa gurgurtaa dursaatiin raawwatamuu ni danda’a. Hangi omisha dursa gurgurame kun omishamee harka dhaabbataa jiruu fi fuula duraatti omishamuu kan danda'amu ta'a.

b) Omishaaleen ykn Tajaajilli dhaabbatichi gurgurtaaf dhiyeessaa jiru kamuu bu’aqabeessumman isaa gabaa itti fufiinsa qabuu argachuun isaa gurgurtaa caalbaasii irra fooya’ee yoo argamee fi guddina dinagdee fi hawaasummaa keessatti shoora ol’aanaataphachuun isaa ragaa qabatamaanmanaajimentiin dhaabbatichaatiif dhiyaatee yoo irkanaa’e yeroo murtaa’eef fuula duraa omishamee/qophaa’ee dhiyaachuuf waliigalteen gurgurtaan dursaa raawwatamuuni danda’a. Haala kanfaltii isaa manaajimentiin murtaa’eewaliigaltee keessatti kan hidhamu ta'a.

**9.3. Omisha ykn Tajaajila gabaa biyya alaatti gurguramu qaamoolee bittaa geggessan waliin**

1) waliigalteen kan mallettefamu yoo ta’u haalli kanfaltii waliigalticha keessatti kancaqasamuu fi adeemsa gurgurtaa biyya alaa fi biyyaatiin hordofuun kan raawwatamuta’a.
2) Omishaalee ykn tajaajila biyya keessatti dursa gurguramuuf gaafiin DaarektaraOl’aanaaDhaabbatichaatti dhiyaatee eega mikanaa’ee booda kafaltii dursaa fi booda haala qabatamaa gabaa fi yeroo ilaalamee Mgt. Dhaabbatichaatiin kan murtaa’u ta’a.
3) Haala qabatamaa gabaa giddugaleessa godhachuun Waldalee Intarpiraayizii Maakiroo fi xixiqqaatti fi ejentoota adda addaa dhaabbata bakka bu'anii omisha dhaabbatichaa gurguruu danda'an manaajimentii dhaabbatichaatiin filachuun bakka buusuun waliigalteen raawwachuu ni danda'a.Gatiin isaa fi haalli gurgurtaa isaa koreen qoratamee manaajimentii dhaabbatichaatti dhiyaatee mirkanaa’uu qaba.
4) Meeshaalee woorkishoopii ilaalchisee, akkaataa gatiin isaa qajeelfama kana keessatti taa’ee fi yeroo yeroon manajimentii Dameef dhiyaatee murtaa’uun ta’a. Raawwiin isaa murteen manajimentii Adeemsa hojii karoora fi gabaatiif eega dhiyaatee booda omishichi omishamuu danda’uun isaa qulqullefachuun kafaltii duraa bu’ura Mgtn. yeroo yeroon murteessuun kanfalchiisuun Hojii geggessa damee waliin waliigalteen ni mallatteeffama. Akkasumas omisha gaafatame akka omishamu adeemsa hojii Industriitti ni dabarsa.Yeroo omishin ajajame hojjatamee xummurame qaamni bittaa raawwate kanfaltiin hafe guutumaan guutuu kanfaluun omisha ni kaafata.

**9.4. Gurgurtaa omisha idilee ykn tajaajila kallattii (Regulaar sales)**

1. Omishaalee ykn Tajaajila qophaa'ee harka dhaabbatichaa jiru dhaabbanni kallattii caalbaasii malee harkaa fi harkatti gurguru yoo ta'u isaaniis,

a) Omishaalee diipoo fi suuqii keessatti (Dammaa zayitii baargamoo fi kkf) tajaajila hawaasa bal'aaf gurguramu,
b) Omishaa caalbaasii baasuuf yeroo hin kennine kan akka Sanyii mukaa, xaawulaa baargamoo, biqiltuu gatii murtaa'een qaama fedhii qabutti kallatiin kan gurguramu ta'a
c) Tajaajiloota adda addaa ( kiraa gamoo,Maashinarii Konkolaataa, Suphaa konkolaataa fi maashinarii, tajaajila Eco-turizimii/
d) Qoraan, shifishaafii, birikeetii fi sagaaturaa kallattiin qaama barbaaduuf kan gurguramu ta'ee IMX fi Waajjiralee mootummaaf duursa kan kennamu ta'a
e) Gurgurtaa omisha komponsaattoo fi tondollii,
f) Omisha Damileen bosona keessatti omishisee haphissuu dabalatee dimshaashaanis ta'ee qinxaaboon gurguru,
g) Meeshaalee woorkishoopii Damileen Magaalota hunda keessatti gurguru,
h) Meeshaalee woorkishoopii fi omishaalee Dameen Shaggar Magaala Finfinnee keessatti gurguru,
i) Gurgurtaa kalattiin Intarpiraayizii Maakiroo xixiqqaa, qaama miidhamtoota, Dhaabbilee Mootummaa fi Misooma Mootummaatiif raawwatamuudha. Dhaabbileen mootummaa fi misooma mootummaa gaaffiin isaanii hojii gaggesaa dameen kan mirkanaa'u yoo ta'u, kan IMX fi Qaama miidhamtootaa qajeelfama mootumaan baasuun I/A Darektara Ol'aanaa Damee Tajaajila Deeggarsaan kan mirkanaa'u ta'a.
j) Gosa omisha xaawulaa warshaa tokko irratti al tokko caalbaasiin bahe gatiin itti kenname gatii caalbaasii maammilli kenneen dhaabbatichaaf faayidaa qaba yoo ta'e qaama fedhii qabuuf hanga ji'a sadiitti kallattiin gurguramu.
k) Omisha yeroo lama caalbaasii bahee gabaa dhabee beeksfni affeerraa bahee qaama fedhii qabuuf kallatiin gurguruun ni danda'ama.Gaaffiin dameelee fi waajjira ol'aanaa irra jiru D/O/Dhaabbatichaa ykn I/A/D/O/D/Deeggarsaa biratti dhiyaatee qaamolee dorgomii keessa jiran akka sadarkaa isaaniitti dursa kennamuufiin gurgurtaan kan raawwatamu ta'a.

l) Omishaa/ Tajaajila maamilli caalbaasiin moo’atee kanfaltii raawwachuu dadhabuu kabachiisa caalbaasii gubee dhaabbataaf galii ta'e qaamni gatii maamilaa kanaan bitachuuf fedhii qabu gaaffii isaa D/O/Dhaabbatichaa ykn I/A/D/O/D/Deeggarsaa biratti dhiyaatee qaamoolee dorgomii keessa jiraniif akkaataa sadarkkaa isaaniin duursa kenuun gurgurtaan raawwachuu ni danda'ama.

m) Omisha warshaa/tajaajila bifa haarawan gabaaf yeroo dhiyaatu hanga gabaan barutti gatii

n) Manaajimentiin murtaa’een ji'a jahaaf kallatiin ni gurgurama

### 9.5. Gurgurtaa Ajaja Addaa (Special order)

a) Dhaabbatichi omisha yeroof omishee gurguraa hin jirre (out of our standard production), akkasumas omisha gabaaf dhiyeesuuf of harkaa qabu keessa adeemsa caalbaasiin ala filatee bitachuuf gaaffii dhiyeesuutti ajaja addaatiin gurguruu ni danda'a. Omisha haarawa gurguramaa hin jiree dursa ajajicha fudhachuuf hojii isa harka jiru fi bu’aqabeessumman isaa madaalee eega ilaaleen booda murtee kenna

b) Haalli raawwii isaa ilaalchisee, ajajni addaa meeshaalee woorkishoopii dabalatee bu’uura aangoo gurgurtaa kennameen caasaa maanejimeentii sadarkaa sadarkaan jirutti dhiyaatee ni murtaa’a.

c) Murtee Gatii ilaalchisee, dhaabbatichi hojii ajajame kanaaf baasii baasuu fi dhimmootaadda adda hojicha kana waliin wal qabate ilaalcha keessa galchuun xiinxalee nimurteessa.

d) Xaawulaa gosa adda addaa jiru keessa akkaataa qajeelfama gurgurtaa kanaatiin filannoon bitachuuf yoo barbaadame raawwiin isaa akka ajaja addaatti ilaalamee gatii ka’umsa gurgurtaa irratti %20 fi isaa ol VAT dura dabaluun Darekteera Ol’aanaa ykn Itti Aanaa Daarekteera Ol aanaa ykn Daarekteera Deggersaa Dhaabbataaf dhiyaatee yoo eeyyamame karaa Daarektara Karoora fi Gabaa ni raawwatama.

e) Omisha xaawulaa warshaa tokko irra jiru caalbaasiin ala guutummaan guutuutti bitachuuf qaamni fedhii qabu yoo jiraate haala qabatamaa irratti hundaa’ee gatii waliigala ka’umsa caalbaasii irratti (VAT dura) %10 fi isaa ol dabalee bitachuu ni danda'a.

f) Omishaa Baargamoo Dhaabbii gurgurtaaf dhiyaate keessa filachuun qaamni caalbaasiin ala itachuu barbaadu gaaffii isaa Darekteera Ol’aanaa ykn Dhaabbatichaa ykn Itti Aanaa Daarekteera Ol aanaa Damee deeggarsaa biratti dhiyeefachuun gatii ka'umsaa gurgurtaa irratti %15 fi isaa ol VAT dura dabalee bitachuu ni danda'a.

g) Omisha utubaa kallatiin ajajaa addan gurguruuf haala qabatamaa gabaa giddugaleesa godhachuun ammantaa gatii ka'umsa gurgurtaa irratti waggaa waggaan koreen qoratamee manaajimentii dhaabbataan kan murtaa’u ta'a.

h) Dhaabbilee Mootummaa fi Intarpiraayizii Maayikiroo Xixiqqaa xaawulaa hojii isaaniif barbaachisu xaawulaa jiru keessa filatanii bitachuu yoo barbaadan Daarekteera Ol'aanaa ykn Itti Aanaa Daarekteera Ol aanaa ykn Daarekteera Deggersaa kaayyoo hojii isaanii waliin wal bira qabee ilaaluun diippoo isaanitti dhiyeenya qaburra naannoo itti gurmaa'an irraa gatii ka'umsaatiin akka bitatan ajajuufii danda'a.

**9.6. Gurgurtaa Liqii (Credit Sales)**

1. Dhaabbattichi Hojjettootaisaatiif akkataa Ahaadii waliigalteen meeshaalee ykn omisha bu'aa bosonaa liqiin haala itti gurguramuu danda'u ibsuun yoo ta'u, meeshaalee manaa hojjettoonniWaajjiraalee Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessa hojjatan akkataa armaan gadii kanaan meeshaalee liqiin bitachuu danda'u. Hojjetaan kamiyyuu, meeshaa bitachuuf kan kanaa gaditti barreeffame guutuu qaba.

a) Hojjetichi omisha ykn meeshaamanaa liqiin bitatu maallaqa isaa yeroo ji'a 12 (waggaa tokko) hin caallee keessatti kaffalee xumuruuf humni mindaa isaa kan dandeesisu ta'uunisaa ibsee iyaata yoo dhiyeeffate;

b) Dhaabbatichi ykn manni hojii hojjetichi keessa hojjetu gatii omisha, meeshaa sanaa ji'a ji'aan mindaa hojjetichaa irraa muree Dhaabbatichaafi caasaa isa jala jiruuf galii kan godhu ta'uu isaa xalayaa wabii barreessuun kan mirkaneessu yoo ta'ee,

c) Hojjetaan dhimma adda addaatiin hojii yoo gadilakkisuu fi soorama yoo bahu manni hojii isaa qaama meeshaa irraa fudhate beeksissuu qaba.

d) Dhaabbatichi fi caasaan isaa waliigaltee qopheessee hojjeticha mallatteesissuun fi wabii nama lama waamsisee mallatteesissuun nagahee gurgurtaa liqii (credit sales invoice) fi ajaja baasii omishaa/ meeshaa/mi'aa qopheessee raggaasissuun gurgurtaa ni raawwata.

e) Dhaabbatichi fi caasaan isa jala jiran waliigaltee hojjetichi mallatteesse, nagahee gurgurtaa liqii fi ajaja gurgurtaa hojjetichi mallatteessee fudhate koppii tokko xalayaa gaggeessituu waliin dhaabbataaf/mana hojii hojjetichaaf erguun maallaqni ji'a ji'aan irraa muramee/citee akka ergamuuf/galii ta'uuf ni gaafata.

f) Daarektooreetiin/Adeemsi Hojii Karoora Gabaa Darektoreetii Faayinaansii Bittaa fi Bulchiinsa qabeenyaa waliin ta'uun maallaqa gurgurtaa kana ji'a ji'aan ni sassaabu, bakka rakkoon isa qunnametti Daaretara Ol'aanaa/Hojii Gaggeessaa/bakka bu'aa isaaf ibsaa fi ragaa ga'aa waliin gabaasa ni dhiyeessa.

g) Hojjettoota Dhaabbatichaa ala jiran kafaltii duraa %20 kafaluun waliigaltee mallateessa.

9.6.1. Waajjiraalee Mootummaa fi Dhaabbilee Misooma Mootummaa, akkasumas waldaalee Aksiyoonaa, maamiltoota amanamaa fi gatii meeshaa kafaluu danda'an wabii baankii qabsiisanii kafaltii dursaa %50 kafaluun kan hafe yeroo waggaa tokko keessatti kan xumuramu ta'ee liqaan bitachuu ni danda'u.

9.6.2. Omishaa/Tajaajila dhaabbanni gabaaf dhiyeesaa jiru irratti dorgomiin gabaa ulfaataan kan jiruu fi haalli gabaa hamansiisaa yoo hin taane/gabaan kan hin jire yoo ta'e manaajimentii dhaabbatichaa yeroo murtaayeef gatii waliigalaa irraa %50 kanfalchiisuu ykn wabii baankii qabsiissanii liqaan bitachuu akka danda'an mala gurgurtaa diriirsuu ni danda'a.

9.6.3. Kenna tajaajila waliigalaa Dhaabbatichi Waajiraalee Mootummaa, mitti Mootummaa fi maamiltoota waliin gatii geejibaa dabaluun waliigaltee raawwatee meeshaalee fi omisha qabu geejibee dhiyeessuu ni danda'a. Waliigaltee kana keessatti gatiin qabeenyaa fi geejibaa addaan bahee taa'uu qaba.

**9.7. Gurgurtaa Caalbaasii (bid sales)**

Omisha dhaabbatichi daldaltootatti gurguru kan keewwata 8.1, hanga 8.6. jalatti caqasameen ala jiran kamiyyuu caasaaleen dhaabbatichaa hundi kiraa konseeshinii lafaa dabalatee caalbaasiin gurguruu qabu. Omishini sababa adda addaatiin dhaalamu kamiyyuucaalbaasii malee gurguruun hin danda'amu. Garuu caalbasiin yeroo lama bahee gabaa yoo dhabe beeksifni bahee gatii ka'umsaatiin gurguruun ni danda'ama. Gurgurtaan caalbaasiingaggeeffamu kamiyyuu haala armaan gadiitiin kan raawwatamu ta'a.

**10. Koree Caalbaasii hundeessuu**

Koreen caalbaasii miseensota 3-5 of keessatti kan qabatu yoo ta'u miseensonni koree akkaarmaan gadii ta'u

a) Daarektooreetii ykn Abbaa adeemsa hojii ykn qindeesaa hojii ykn Karoora fi Gabaa walitti qabaa koree, Raawwataan gurgurtaa barressaa,
b) Hojjetaan Daarektooreetii ykn Adeemsa Hojii Karoora fi Gabaakutichaa bakka bu'uu hojjetoota lama miseensa.
c) Daarektooreetii ykn Adeemsa hojiiomishinni ykn tajaajilli gurgurame irraa bakka bu'e xiinxala caalbaasii keessatti kan hirmaatu namni tokko miseensa

d) Iddoo humni namaa Daarektooreetii ykn Adeemsa Hojii ykn qindeesaa ykn Karoora Gabaa hanqinni jirutti manaajimentii sadarkaa sadarkaan jiru kutaa barbaachisaadha jedhee amane irraa hanga humni namaa guututti bakka buusuu ni danda'a.

**10.1. Aangoo fi Itti Gaafatamummaa koree Caalbaasii:**

Aangoo fi Itti gaafatamummaan koree Caalbaasii akka armaan gaditti caqasameen ta'a.

1. Gaafiin gurgurtaa, omishaa fi tajaajila adda addaa yeroo dhiyaatusirna adeemsa caalbaasii gurgurtaa guutee argamuu isaa mirkaneessuu.
2. Gurgurtaan walfakkaatu bakka tokkotti raawwachuuf haala dandeessisuun qindaa'e qophaa'uu isaa mirkaneessu, Sanadni caalbaasii qophaa'uus guutuu ta'uu isaa ni mirkaneessa.
3. Ulaagaaleen ittiin dorgomamu kan loogii hinqabne, ifaan raawwatamuu danda'an ta'uuisaanii mirkaneessuu,
4. Unkaalee hojii sirrii ta'anii fi dhimmoota biroo qajeelfama kanaan akkaataa gosa gurgurtaa omishaa ykn tajaajilaatiin ibsamuu qaban kan hammate ta'uu isaa mirkaneessuu,
5. Beeksifni caalbaasii sab qunnamtii irratti dhiyaate sirrummaa isa mirkaneessuu,
6. Sanadni caalbaasii guurgurtaaf dhiyaate sirna adeemsa caalbaasii guutu isaa mirkaneessuu,
7. Saanduqa caalbaasii dorgomtonni gatii fi ragaa galii itti godhan guyyaa beeksisni bahe irraakaasee qaawwaa sanada itti galuu alatti mallattoodhaan saamsuu.
8. Haala sab quunnamtii irratti guyyaa fi sa'aatii ibsameen bakka koreen caalbaasii hundi argamanitti qaawwi sanduqaa calbaasii itti galaa ture cufuu.
9. Akkaataa beeksisa caalbaasii irratti ibsameen guyyaa fi sa'aati murtaa'etti fi bakka dorgomtootni argamanitti caalbaasii banuu.
10. Qabxiiwwan sanada caalbaasii fi qajeefama dorgomtootaa keessatti caqasaman kabajamuuisaanii fi maammila gatiin ol'aanaa dhiyeesse addaanbaasuu,
11. Gabaasa gamaggama gurgurtaa dhiyaate irratti yaadni murtee koreen kennamu kamiyyuu kan sababa qabatamaa ta'e irratti hundaa'e ta'uu qaba.
12. Adeemsa raawwii gurgurtaa keessatti yaada murteewwan koreedhaan dhiyaate ilaalchisee,Daarektara Ol'aanaa/Hojii gaggeessa Damee ykn qaama aangoon kennameefiin yeroo gaafatamu ibsa ni kenna.
13. Miseensotakorichaa keessaa walitti qabaa dabalatee harki walakaan fi isaa ol yoo argamnaan koreemiin guute jedhama. Murtiin korichaan kennamu sagalee/harka caalmaan ta'a.
14. Sirna adeemsa caalbaasiichaa ilaalchisee qaboo yaa'ii ni qabata; ni mallatteessa.
15. Dorgommichi erga raawwatee booda yaada murtee Daarektara Ol'aanaaItti Aanaa Darektara Ol'aanaa Damee Tajaajila Degersaa dhaabbatichaaf /Hojii gaggeessaa Dameef yknbakka bu'aa isaaniif ni dhiyeessa.

16. Sanada caalbaasii gurguramuuf qophaa'e keessaa kopii tokko irratti miseensonni koree caalbaasii mallateessuun barreesaa ykn qaama dhimmi ilaallatu bira taa'a.

**10.2. Aangoo fi Itti Gaafatamummaa Walitti Qabaa koree caalbaasii :**

a. Aangoo fi itti gaafatamummaan walitti qabaa koree haala armaan gaditti kan ibsame ta.a Dura taa'uummaan walga'ii koreeni gaggeessa;

b) Guyyaa fi sa'aatii saanduqni caalbaasii qophaa'u bakka sanatti argamee saanduqa cufee ni saamsa, furtuu ni qabata.

c) Guyyaa fi sa'aatii caalbaasiichi itti banamu, banamuu isaa dura dhimmi raawwatamuu qabu Sirniifi dambii caalbaasii kabajamuu isaa ni mirkaneessa.

d) Miseensonnikorichaa fi hirmattoonni caalbaasii bakka itti argamanitti saanduqni caalbaasichaaseeraan cufamuu isaa agarsiisee ni bana.

e) Baniinsa caalbaasii, sirna dorgommii fi murtee darbe/kenname, akkasumas qaboo yaa'ii dorgommii caalbaasii keessatti qabxiiwwan barbaachisan sirriitti qabamuu isaanii ni to'ata, dhiyaatee akka mallattaa'us ni taasissa.

f) Bakka walitti qabaan hin jirreetti barreessaan korichaa bakaa isaa bu'uudhaan waan inni

g) raawwachuu qabu hundumaa akka hojjetu ni taasisa.

h) Poostaa saanduqa caalbaasii keessa galuu hin dandeenye koree beeksiseegalmee irratti galmeessuun ni fuudha, iccitiin eegee wayita caalbaasiichi banamu koreef ni dhiyeessa

i) Kabachiisa caalbaasii "Bid Bond" dorgomtoonni qabsiisan caalbaasiin eega xumurameen Booda qaama mo'ameef akka deebi'u yoo eeyyamu kan moo'e immo hanga yeroo kennamee keessatti kafaltii kan raawwate yoo ta'e kaffaltii keessatti akka qabamuuf ni eeyyama.Yeroo kennameef keessatti dorgomaa mo'atee dhiyaatee kafaltii hin raawwannee kabachiisa caalbaasii " bid bond" isaa galii akka ta'u hordofee ajaja ni kenna.

j) Kabachiisa raawwii hojii "Performance bond'' hanga yeroon waliigaltee xumuramutti sassabaa/duu galii biratti qabamee akka turuu fi hojiin sun yeroo jedhamee fi haala wliigalteenraawwatamuu isaa eega mirkaneeffatee booda abba dhimmaatiif akka deebi'u ajaja ni kenna. Qabsiissuun performance bond IMX hin ilaallatu.

k) Dorgomtoota yeroo adda adda dhaabbaticha irratti rakkoo uumanii fi waada dura galan hin baane ragaan addaan baasee dorgommii keessa akka haqamu ni dhiyeessa.

**10.3. Aangoo fi Itti Gaafatamummaa Barreessaa koree caalbaasii:**

a) Sanada caalbaasii koreen itti kennu ni fuudha, qaboo yaa'ii ni qaba, ni mallatteessa, ni mallatteessisa, dhimmoota adda addaa qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa, ni kaa'a, ni eega.

b) Bakka walitti qabaan koree hin jirretti adeemsa caalbaasii ni oggana, Walitti qabaa waliin ta'uun yeroo sanduqichi cufamu ni qoolofa.

c) Hirmaattoota caalbaasii irratti argaman maqaa ykn attendance qopheessee maqaa isaanii tartiibaan barreessee mallatteessisee qabata.

d) Barbaachisaa ta’ee yoo argame gatii fi lakkoofsi CPO tokko tokkoo dorgomaan dhiyeesse galmeessee ni qabata.
e) Yeroo caalbaasiin xummurame xalayaan mo’ataaf barrefame maxxanfamee walitti qabaa eeyyamsiisee qaama moo’ameef yoo deebisu, kan qaama mo’e immoo haala walitti qabaan ajajuun kafaltiitti akka shallagamu haala ni mijeessa, kafaltiin guutuun yoo raawwatame ni deebisa, yoo adabbii ta’e immoo yeroo murtee argate sassaabaa/duu maallaqaatti ni dabarsa.
f) Qajeelfama walitti qabaan kennuuf fudhatee ajandaa walga’ii ni qopheessa.
g) Hojii dabalataa Ittigaftamaan kennu ni raawwata.

**11. Beeksisa Caalbaasii**

1. Omisha ykn Tajaajila tilmaamni ka’umsa gatii caalbaasii qar. 200,000.00 fi isaa ol ta’e meeshaalee sub-quunnamtii adda adda (Gaazeexaa, Raadiyoo Televiziinii fi kkf) tti fayyadamuun ni beeksifam.
2. Omisha ykn Tajaajila tilmaamni ka’umsa gatii caalbaasii qr 200,000.00 gadi yoo ta’e beeksisa keessaa Damee fi Distiriiktii keessaatti ykn bakka omishichi itti gurguramu keessatti lafa hawaasni baldhaan arguu danda’utti maxxansamuun ni beeksifama.Caasaan dhaabbatichaa gatii kanaan gurguruuf jecha gurgurtaa kukkutee dhiyeessuu hin danda’u.

**11.1. Beeksifni caalbaasii yommuu qophaa’u yoo xiqqaate qabxiiwwan armaan gadii kana of keessatti haammachuu qaba.**

a) Guyyaa fi bara bajataa;
b) Gosa caalbaasiichaa (Caalbaasii ifaa, Caalbaasii Murtaa’aa) jedhamee mata duree irratti ibsamuu qaba;
c) Ibsa gabaabaa caalbaasiicha ilaalchisee, Maqaa dhaabbata caalbaassicha baasee, gosa omishaa ykn meeshaa ykn mi’a ykn tajaaila caalbaasiif dhiyaate, safartuu fi baay’ina, bakka itti argamu (Damee Distiriiktii, Magaala, bakka omishaa), bakkaa fi haala irratti argamuu fi itti gurguramu fi kkf qabachuu qaba.
d) Sanada bituuf maallaqa murtaa’ee fi bakka itti kaffalamu (Dhaabbata,Damee, Distiriiktii lakk. Biiroo), Dorgomaan eeyyama daldaalaa ykn hojii gibirri barichaa itti kaffalame dhiyeessuu akka qabu,
e) Kabachiisi caalbaasii yoo xiqqaate ida’ama gatii dhiyeessu irraa %5 herreegee ykn shallagee C.P.On dhiyeessuu akka qabu; hangi kabachiisa caalbaasii kun akka Barbaachisummaa isaatti maanejimeentii dhaabbataan fooyya’uu ni danda’a.

f) Sanada /Dookumentii dorgomtoonni dhiyeessuu qaban, Guyyaa, sa’aatii fi iddoo caalbaasiin itti banamuu. (caalbaasiin tokko yeroo tokkotti Waajjira Ol’aanaa fi Damee qabeenyi sun itti argamu irratti akka banamu) Akkasumsa, akkaataa dorgomtoonni ittin dhiyaachuu qaban.

g) Mirga dhaabbatichi caalbaasicha guutumaan guutuutti ykn gar tokkeen haquu keessatti qabu, qabiyyee beeksisa caalbaasii fooyyessuun barbaachisaa ta’ee yoo argame, dhimmi isaa Daarektara Ol’aanaa ykn Itti Aanaa Darektara Ol'aanaa Damee Degersaa, Hojii geggessa Damee biratti dhiyaachuun osoo caalbaasiin hin banamiin dura dorgomtootaaf xalayaa barreessuunii fi beeksisamaxxansuun fooyyessu ni danda’ama.

### 11.2. Yeroo Turtii Beeksisa Caalbaasii:

a) Beeksifni caalbaasii meeshaalee sub quunnamtiitti osoo hin fayyadamne yeroo duraatis ta’ee yeroo lammaffaa maxxansamu yoo xiqqate guyyoota walitti aanan 10(Kudhan) qilleensarra ni tura.

b) Beeksifni caalbaasii meeshaalee sub quunnamtii adda addatti fayyadamuun yeroo Duraatiifbahe yoo xiqqate guyyoota walitti aanu 15 qillensarra turuu qaba.Haata’u malee yeroo $2^{ffaa}$f kan bahe yoo ta’e yoo xiqqaate guyyoota walitti aanaan 10f qillensa irra turu qaba.

c) Gurgurtaa biyya alaa ilaalchisee, omishini /Tajaajilli caalbaasiin gurguramu beeksifni yeroo calqabatiif bahe yoo xiqqate guyyoota walitti aanee jiru 30 qilleensarra turuu kan qabuu fi yeroo $2^{ffaa}$ bahee immoo yoo xiqqate guyyoota 15 qillensarra ni tura.

d) Yeroo beeksisa caalbaasii qilleensarra jiru dheeressuun barbaachisaa ta’ee yoo argame yeroo guyyaa torba hin caalleef Maanejimeentii Dhaabbataa/ damee biratti dhiyaatee qaamoolee dookumentii bitataniif xalayaa barreesuufiin beeksisuun yeroo dheeressun ni danda’ama. Omishoota badiif saaxilamuu danda’a haala qabatama jiru ilaalcha keessa galchuun yeroo qilleensa turtii beeksisichaa xiqeessuun ni danda’ama.

### 11.3. Qophii fi Gurgurtaa Sanada Caalbaasii:

1. Dorgommiin caalbaasii dorgomtoota gidduutti taasifamu gara tokkoof utuu hin loogiin haala guutuu fi iftoomina qabuun akka adeemsifamu gochuuf sanadni caalbaasii ragaa gahaa qabaachuu qaba. Isaanis:-

   a) Beeksisa caalbaasiichaa,

b) Gosa fi baay'ina omishaa ykn meeshaa ykn mi'aa ykn tajaajila caalbaasiif dhiyaate, safartuu, bakka itti gurguramu, gatii tokkoo fi gatii maraa,
c) Waliigaltee dorgomtoota waliin godhamuu qabu,
d) Guca gatiin itti dhiyaatu,

2. Gurgurtaa sanada caalbaasii ilaalchisee akka armaan gadii kanatti raawwatama.

a) Gatiin gurgurtaa sanada caalbaasii baasiin qophii sanada caalbaasiichaa dorgomtootaaf dhiyeessuuf ba'e hin caallee ta'ee akkaataa beeksisa caalbaasiitiin ibsameen dorgomtoota kaadhimamtootaaf gurgurtaan akka qaqqabu taasifamuu qaba.
b) Gatiin sanada caalbaasii kan murtaa'u koree caalbaasiin ta'a.
c) Gatiin erga murtaa'ee booda xalayaa gaggeessituun qophaa'ee baay'inni sanadichaa fi gatiin tokkoon tokkoon isaa ittiin gurguramu ibsamee gara mana galmeetti ni ergama.
d) Manni galmee tokkoon tokkoon fuula sanadichaa irratti chaappaa rukutee gara Daarektooreetii /Adeemsa hojii Karoora fi Gabaa fi Damee qabeenyi itti gurguramuutti ni deebisa.
e) Dokumeentiin caalbaasii dhaabbata irratti qophaa'e Dhaabbataa fi Damee irratti ni gurgurama.Daarektooreetii/Adeemsi hojii Karoora Gabaa sanadni caalbaasii Sassaabaaduu galiitiin akka gurguramu ni dabarsa. Dameenis sanada ergameef gara ofiitti fudhateechaapaa Damichaa dabalataan eega rukutee booda gara sasaabdduu maallaqa gurgurtaatti ergee akka gurguramu taasisa.
f) Dorgomaan kamiyyuu dorgomuu kan danda'u iddoo dokumentii caalbaasii irraa bitate qofaatti ta'a.

**12. Caalbaasii banuu fi Xiinxaluu:**

Baniinsa fi xiinxaala caalbaasii irratti of eegannoon guddaa qajeelfama kana keessatti tumamee jiru hunda godhamuu qaba.Guyyaa baniinsaa, caalbaasiichi banamuu dura sirni baniinsa caalbaasii guutamuu isaa mirkaneessuu baniinsii fi xinxalli caalbaasii raawwatamuuqaba.

**12.1. Caalbaasii Banuu:**

a) Sanduqni caalbaasii dhaabbata irrattis ta'ee damee irratti sa'atii wal fakaatuun cufameebanama.
b) Dorgomtoonni ykn bakka bu'oonni dorgomtoota sirna baniinsa caalbaasiichaa irratti affeeraman argamuu isaanii mirkaneessuu,
c) Dorgomaan tokko bakka bu'ummaadhaan kan dorgomu yoo ta'e ragaa bakka bu'iinsa isaa ibsu fotoo kopii fi haadhoo isaa dhiyeeffachuu isaa,
d) Waraqaa maqaan itti galmaa'u (attendance list) qopheessuun dorgomtoota/bakka bu'oota argaman maqaa isaanii galmeessuu fi mallateesissuu,
e) Poostaawwan dhiyaatan banuun maqaan dorgomtootaa fi ida'amni gatii tokko tokkoon dorgomaa sanada irratti dhiyeesse dubbisuu fi galmeessuu, akkasumas, dorgomtoonni yeroo gaafatan tarreeffama galmeeffame akka dhaga'an taasisuu,
f) Dorgomaan fedhii mataa isaatiin yeroo caalbaasiin banamu argamuu dhiisuun isaa baniinsa caalbaasii hin gufachiifne ta'uu isaa ibsuu,
g) Mallattoon miseensota koree caalbaasii poostaa irratti fi fuula sanadoota hundumaa irratti akkaraawwatamu gochuu,
h) Bu'aan caalbaasiichaa hanga adeemsi isaa xumuramee murteen dhumaa kennamutti iccitiidhaan qabamuu isaa,
i) Sirna baniinsa caalbaasiichaa irratti bakka bu'oonni tajaajila Odiitii fi kan biraa akka barbaachisummaa isaatti kan filatamu dhaabbatichaa ykn damichaa ykn distiriiktiichaa taajjabummaan argamuu qabu.
j) Kabachiisa caalbaasii beeksisa caalbasii irratti gaafatame dhiyachuu isaa,
k) Koppiiwwan dabalataan sanada caalbaasii isa haadhoo isaa wajjin dhiyaachuu isaa,

**12.2. Caalbaasii Xinxaaluu**

a) Sanada dorgommii hirmaatoonni gatii itiin dhiyeessan irratti Chaapaa, maqaa, teessoo fi mallattoon isaanii kaa'amuu qaba,
b) Caalbaasichi eega banamee booda dorgomaan gatii dhiyeesee fooyyeessuu fi dorgommii caalbaasii keessaa ba'uu hin danda'u.
c) Safartuun dorgomaan sanada caalbaasii omishaa ykn meeshaa ykn tajaajila gatii ittiin dhiyeessu safartuu sanada caalbaasii dhaabbatichi/dameen ittiin ibseen ta'uu qaba.

d) Gurgurtaa biyyaa keessatti raawwatamuuf gatiin dhiyaatu qarshii Itoophiyaatiin ta’uu qaba.
e) Gurgurtaa biyyaa alaatti raawwatamuuf gatiin dhiyaatu haala sharafa Baankiin Biyyooleessaa Itoophiyaa eeyyamuun ta’uu qaba.
f) Caalbaasiin ifatti gaazeexaa fi raadiyoon bahee dorgomaan dhiyaate tokko qofa ta’ulle gatiika’umsaa fi isaa ol kan kenne yoo ta’e xinxaaluun murtiif dhiyessuun gurgurtaa raawwachuun ni danda’ama,
g) Akka barbaachisummaa isaatti tuuta caalbaasii ala koree teekniikaatti fayyadamuun ni danda’ama.
h) Dorgomtoonni dhiyaatan kanaan dura waadaa galan bahuu dhabuun rikoordii badaa qabaachuu isaanii qulqullaa’uu qaba.
i) Gatiin dorgomttoonni dhaabbataa fi damee irratti dhiyeessan kan iddoo lamaanuu odeeffannoo argachuuf akka isaan gargaaruuf caalbaasiin baname gatiin xinxaala duraa sa’atii tokko keessatti ragaalee wal jijjiiruun gabatee beeksisaa dhaabbataa fi damee irrattimaxxanffama.
j) Dameen gatii kenname eega xinxxaalee booda unka qophaa’e irratti guutee guyyaa lama keessatti dhaabbataaf ni dhiyeessa. Dhaabbatni caalbaasii waajjira Ol’aanaa fi Damee irratti baname walitti fidee xinxxaaluun guyyaa afur keessatti murtii dhumaa ni dabarsa.
k) Dorgomaan caalbaasii eega filatamee booda qaama mo’ateef Dhaabbataa fi Damee irratti beeksifni akka maxxanffamu Dameef ragaan guutuun ni ergamaaf.
l) Dorgomaan kafaltii fi waliigaltee kan raawwatu iddoo itti dorgome irratti ta’a.

### 12.3. Dorgomaa caalbaasii dorgommii keessaa baasuu

Dorgomaan caalbaasii kamiyyuu kanneen armaan gadiitti tuqaman keessaa tokko illee yoo raawwate dorgommii keessaa ni haqama.

a) Caalbaasiicha mo’achuuf jecha hojjettoota ykn itti gaafatamtootaa kamiifuu matta’aa kennuun isaa ragaadhaan kan mirkanaa’e yoo ta’e,
b) Qunnamtii caalbaasiichaa keessatti waliin dha’uun isaa ykn namni biraa akka waliin dha’u haala miijeessuudhaan kan waliigale ykn haala sirna caalbaasiichaatiin deemuu dhabuun isaa qabatamaan kan mirkanaa’e yoo ta’e ;
c) Ragaalee adda addaa beeksisa caalbaasii keessatti gaafataman dhiyeessuuyoo dhabe

d) Dorgomaa kanaan dura caalbaasii moo’atee waadaa gale bahuu dhabuun rikoordii yoo qabaate.

**12.4. Caalbaasii haquu**

a) Caalbaasiin tokko eega baheen booda haquun barbaachisaa ta’ee yoo argame Dhaabbatichii fi caasaan isaa caalbaasiicha akkaataa mirga beeksisa caalbaasii irratti ibsamuun haquu ni danda’a.
b) Caalbaasiichi eega banamee booda yoo ta’e, sanadni dorgomtoonni dhiyeessan haala tartiba (specification) dhaabbatichii fi caasaan isaa caalbaasii baase kaa’een galmeessuun rakkoo uumame ykn akka haqamu sababa ta’e ibsuun qaboon yaa’ii qabamee mallatteessuun ta’a. Kunraawwatamuu isaa kan agarsiisu gabaasni qaama caalbaasii mirkaneessuuf dhiyaachuu qaba.
c) Sanadni caalbaasiif qophaa’ee dogongoroota ykn hir’ina adda addaa qabaachuun isaa yoo mirkanaa’e;
d) Bu’aan caalbaasiichaa dhaabbatichaa fi caasaa isaani miidha jedhamee yoo ittiamaname.

**12.5. Caalbaasii Murteesuu fi Moo’ataa Filachuu:**

1. koreen caalbaasii, caalbaasii baname eega xiinxaleen booda qaboo ya’ii qabatee maallattessuun murteedhaaf yaada isaa Daarekteera Ol’aanaa, ykn Itti aanaa Darektara Ol'aanaa Damee Degersaa ykn caasaa isaa murteessuuf aangoo qabutti dhiyeesse murtii dhumaa akka argatu ni taasisa.Dar. Ol’aanaa, ykn Itti aanaa Darektara Ol'aanaa Damee Degersaa ykn caasa isaa murteessuuf aangoo qabu yaadni murtii koreen caalbaasii dhiyeesseef ilaalee mirkaneessuus ta’ee haquu ni danda’a.
2. Koreen caalbaasii yaadan walii hin galle yoo ta’e namni yaada adda qabu qaboo yaa’ii keessatti yaada isaa qabsiifachuun yaada sagalee caalmaa qabu ni fudhata.Koreen caalbaasii sagaleen isaanii wal qixa yoo ta’e kan walitti qabaan deeggare ni fudhatama.
3. Caalbaasiin eega murtaa’ee moo’ataan filatameen booda Daarektarri/adeemsi hojii Karoora fi Gabaa beeksisa maxxansuun /xalayaa barreesuun qaama moo’ateef waamichadhiyeessuun haala sanada caalbasii keessatti kaa’ameen kafaltii ni raawwachiisa. Qaamoolee Moo’atamaniif immoo kabachiisa caalbaasii “Bid Bond’’ isaan qabsiisan akka deebi’uuf ni ajaja.
4. Daarikteerri/adeemsi hojii Karoora fi Gabaa qaamoolee moo’atanii dhiyaatanii kafaltii

5. Hin raawwannee hordofuun kabachiisa caalbaasii “bid bond” isaanii dhaabbatichaaf akka galu taasisuun qaamoolee 2ffaa fi 3ffaa bahe gatii isa tokkooffaatiin akka fudhatan dabaree dabareen affeeree gurgurtaa ni raawwata.
6. Caalbaasii yeroo 2ffaa f bahee dorgomaan hin argamnee beeksifni affeerraa bahee qaama fedhii qabuuf gatii ka'umsa gurgurtaan kan raawwatamu ta'a. Omisha gosa tokko irratti maammilli tokkoo ol yoo dhiyaate kan dura gaafii dhiyeeffatetti gurgurama. Kunis kan raawwata’u Itti aanaa Darektara Ol'aanaa Damee Degersaa ykn qaama aangoon kennameefiin ta’a.
7. Dorgomtoota caalbaasii irratti dhiyaatanii omisha gurgurtaaf dhiyaate irratti gatii tokko kennan haala armaan gadiitti furmaata argata.
   a) Omishoota Dhaabbatichi gurguruuf beeksisa baase dorgomtoonni lamaa fi isaa ol gatii wal qixa yoo kennan carraan addaan bahu.
   b) Xaawulaa caalbaasiin warshaa tokko irratti gurguramu yoo ta’e daldalaa warshaa sana irraa baayinaan mo’ateef dursi ni kennama.

**12.6. Waliigaltee Mo’ataa caalbaasii waliin godhamuu qabu**

1. Bu’aan caalbaasiichaa beekamee mo’ataan akkuma murtaa’een waliigalteen seera qabeessa ta’e Dhaabbata ykn caasaa isaa fi mo’ataa gidduutti ni raawwatama.Waliigaltee keessatti dhimmoonni ilaalamuu qaban.

a) Bal’ina lafaa, hammantaa omishaa/tajaajilaa safartuun adda baasuun,
b) Tarreeffama omishaa/meeshaalee/mi’oota tajaajila gurgurame,
c) Dirqamaawwan fi mirga Dhaabbatichaa, Dirqamaawwanii fi mirga maammiltichaa,
d) Tajaajilli hojii ijaarsaa kan raawwatamu yoo ta’e bulchiinsa fi to’annaa hojiichaaf maqaan mahaandiisaa Dhaabbatich/Damichi bakka buufate ykn qaxarate,
e) Maashinariin ykn konkolaataan kan kireeffamu yoo ta’e qaama baasii boba’aa fi dibata danda’u fi bakka hojiitti geejibu/dhiyeessuu, Sa’aatii ganama hojii itti calqabuu fi galgala itti dhaabu, akkasumas sa’aatii hojiitiin ala hojjatee argame haala kanfaltii sa’aatin alaa fi durgoon kanfalamuu qabu, opireetaraa fi gargaaraaf qaama durgoo kaffaluu fi bakka bulan irraa bakka hojiitti deddeebisu, Dabalataan maashinarii kireeffamu ykn tajaajila kennamuu waliin kan deemu ykn projeektiin hojjetamu ilaalchisee haalli biraa yoo jiraate waliigalticha keessatti hammatamuu qaba.

f) Waliigaltichi guyyaa mallattoo, guyyaa waliigalteen kun itti xumuramu, dhimmoota raawwii waliigaltee kanaatiif humnaa ol ta’anii fi yeroo waliigalteen kun mallattaa’u kan argan namoota lamaa fi isaa ol mallateessuu akka qaban ibsamuu qaba.

g) Wixineen waliigaltee dursee qophaa’ee qaama sanada caalbaasiichaa ta’e dhiyaachuu qaba.

h) Gururtaan biyya alaatti raawwatamuf waliigalteen hojjatamuuf haala waliigaltee biyya alaa (International private Law)itti raawwatamu eegee qophaa’uu qaba.

i) Waliigalteen mo’ataa caalbaasii waliin mallatta’u kamiyyuuDaarektara Ol’aanaa, I/A/D/O/D/D ykn caasaa isaa waliigaltee mallateessuuf aangoon kenname ta’ee akka barbaachisummaa isaatti bakka bu’insi kennamuu ni danda’a.

j) Kan kanaa olitti caqasame akkuma jirutti ta’ee maamilli waliigaltee mallattessee omisha kaafachaa jiru akkaataa waliigaltee keessatti kaawwame sababa adda addan yeroon kennemeef kan isa hin geenye yoo ta’e Daarektarri/Abbaan Adeemsi Hojii Karoora fi Gabaa qaama dhimmi ilaalu waliin ta’uun yeroo tokkoof haala jiru qoratee guyyaa murtaa’e ni dabalaaf.

k) Gaafiin guyyaa dheeressuu yeroo tokkoo ol gaafatamu maanejimeentii dhaabbataa/dame biratti dhiyaatee murtii argata.

2. Bosona dhaabbiitti gurguramu daldalaan bitate akka armaan gadiitti taa’een kaafachuu Qaba:

A. Baayina gudeelcha gaatiraa biyya alaa, Paayinasii fi kan kana fakkaatan,

| Lakk | Baayina gudeelchaa $M^3$n | Baayina guyyoota turtii waliigaltee |
|---|---|---|
| 1 | $M^3$ 300 fi isaa gadi | Guyyaa 45 |
| 2 | $M^3$ 301 hanga 600 | Guyyaa 80 |
| 3 | $M^3$ 601 hanga 900 | Guyyaa 115 |
| 4 | $M^3$ 900 ol yoo ta’e | Guyyaaa 140 |

B. Baargamoo dhaabbiitti gurguramu,

| Lakk | Bal’ina lafaa heektaaraan | Baayina guyyoota turtii waliigaltee |
|---|---|---|
| 1 | Heektaara 15 fi gadi | Guyya 90 |
| 2 | Heektaara 15 ol hanga 25 | Guyyaa 120 |

C. Xaawulaa Omishamee lafa jiru.

| | | |
|---|---|---|
| 1 | Hanga $M^3$200 | Guyyaa 20 |
| 2 | $M^3$ 201 ol yoo ta’e | Guyyaa 30 |

3. Baargamoo fi gaatiraan faranjii wal-makaa yoo ta’e lamaanuu inventariin isaa fudhatameehaala gatiin jiruun qoratamee lamaanuu daldalaa tokkotti akka gurguramu ta’a.

**12.7. Waliigalteen eega mallattaa’een booda hojii Raawwatamuu qabu**

a) Akkataa dookumentii caalbaasii keessatti ibsametti dorgomaan caalbasii moo’ ate waliigalteen osoo hin mallattaa’iin kafaltii qabeenyichaa waliin raawwii hojii gaarii (Performance Bond) yoo xiqqate %5 duursee qabsiisuu qaba. Kun immoo omisha harkaaf harkatti gurguramu kan akka xaawulaa omisha baargamoo bosona keessatti omishamee gurguramu hin ilaalatu. Kun akkuma jirutti ta’ee Mgt dhaabbatichaa baargamoo dhaabbiitti gurgurammu haala addaatiin murteessuu ni danda’a.

b) Omisha, Adamoo bineensa bosonaa fi tajaajila sadarkaa Dhaabbataa fi DameettiGurguramuuf Daaretooreetiin/Adeemsi hojii karooraa fi Gabaa nagahee galii/Cash sales invoice) kutuufiin waliigalteen isaa eega mallattaa’ee booda caasaan sadarkaa gadii jiru omishakana akka itti kennu, ogeessa ramaduun bineessagurgurame akka adamsiisufi tajaajila gurgurame akka itti kennu ragaalee barbaachisu waliin qabsiisuun xalayaa barreeseefii ni erga.

c) Hanga omisha Caalbaasiin gurgurame irratti maanejimeentii sadarkaa sadarkaan jiru dhaabbatichaaf faayidaa qaba jedhee yoo itti amane omisha duraan bitate bira kan jiruu fi walfakkaatu qaama dura waliigaltee mallatteesse waliin yeroo ji’a sadii hin caalle keessatti %25 dabaluun gurguruu ni danda’a.

**12.8. Haala bosonni gaatiraa Faranjii fi Paayinasii dhaabbiitti gurguramu keessummaa’u**

1. Omishni dhaabbataan omishamee gurguramu kamuu erga galii ta’ee booda waan gurguramuuf hammantaan maamilli bitate dhabbatichi safaramee harkaan gahuuf dirqama qaba.
2. Omishinni gaatiraa ykn paayinasii dhaabbiitti gurguramu jimlaan ykn heektaaraan shallagamee kan gurguramu yoo ta’u, bakkaa fi yeroo adeemsa kanaan gurguruun hin

danda’amnetti Mgt. dhaabbatichaa $M^3$n akka gurguramu ni murteessa. Ka’umsi shallaggii heektaaraa inventarii ogeessaan fudhataammeen ta’a.

3. Omishni dhaabbitti gurguramu kamuu haala safartii dhaabbitti safaramee calbaasii irratti baheen abbaan moo’ate kafaltii erga raawwatee waliigaltee mallatteesseen booda bosonicha dhaabbitti galii fi baasiin ni taasifama. Bosonichi caalmaan yoo muldhate dhaabbanni gatii dabalataa kan hin gaafannee fi yoo hanqate maamilli omisha hanqinaan muldhate akka bakka bu’uuf gaafachuu hin danda’u.
4. Omisha maamilli dhaabbitti erga bitatee harkaan gahateen booda gaafii abbaa qabeenyummaa dhiyaatuun ala rakkoo kamiinuu yoo jalaa hanqate fi bade dhaabbatni rakkoo uumamee fi miidhaa gaheef itti gaafatamummaa hin qabu.
5. Gurgurtaa bineensa bosonaa qaamni adamsu yeroon kan daangeffame waan ta’eef, yeroo woliigalteen taa’een ala bahanii adamsuun hin danda’amu.
6. Omisha dhaabbanni omishee gurgure kamuu yeroo waliigalteen daangeffame keessatti kaasuu dhabuun hanqina uumamuuf dhaabbatichi bakka buusuuf dirqama hin qabu. Dhimmi akka kanaa irratti yoo humnaa ol ta’e malee yeroo waliigaltee dheeressuunis hin danda’amu.

## Kutaa Shan

### 13. Aangoo Gurgurtaa

Omishaalee, tajaajila fi meeshaalee dhaabbatichi gabaaf dhiyeessu haala bu’a qabeessummaa fi tajaajila bal’aa hawaasini argachuu qabuun aangoo gurgurtaa iddoo jahatti qoodamee dhiyaateera.Isaanis :-

1. Dhaabbata fi Damee waliin,
2. Dhaabbata
3. Damee,
4. Distiriiktii
5. Giddugala Qophii Kuusaa Sanyii Muka Diimaa,
6. Tajaajila Paarkii

### 13.1. Aangoo Dhaabbataa fi Damee waliin qaban

Sadarkaa dhaabbataa fi Dameetti omishini ykn Tajaajilli ykn meeshaaleen gurguraman,

A. Gurgurtaan xaawulaa gosa adda addaa,

B. Gudeelcha gaattiraa fi paayineesii, muka biyya keessaa,

C. Bosona baargamoo Damee Finfinnee dhaabbii tti gurguramu,

D. Bosona Dhaabbataa fi ummata naannootiin bulaa jiru,

E. Utubaa baargamoo Damee Finfinnee

**13.2. Aangoo Dhaabbataa**

Sadarkaa dhaabbataatti omishini, Tajaajilli ykn meeshaan kamuu gurguramuu kan danda'amu yoo ta'u omishaalee ykn tajaajiloonni armaan gadii kun yoo bakka bu'umsi dhaabbata irraa kennameen ala sadarkaa dhaabbataa qofatti gurguramu.

A. Bineensa bosonaa fi bu'aa bineensa bosonaa,

B. Kiraa lafa adamoo,

C. Omishaalee gabaa biyya alaatti gurguraman kamuu,

D. Omisha ykn Tajaajila Waajjiraalee Mootummaa fi Dhaabbilee Misooma Mootumma, fi Waldaalee Mayikiroo Xixiqqaa fi waldaalee yeroo adda addaa rakkoo hawaasaa hiikuuf Mootummaan hundeessutti gurguramu kamiyyuu.

E. Bu'aa bosonaa muka hin taane

F. Meeshaalee maqfaman

G. Cuunfaa zayita baargamoo

H. Omishaa fi meeshaalee Qaama miidhamtootatti gurguramu

I. Gurgurtaa Ajaaja addaa fi gurgurtaa Duursaa (Shagariin ala)

**13.3. Aangoo Damee:**

Omishaalee, tajaajjilli fi meeshaaleenarmaan gadii sadarkaaDameetti ni gurguramu.

A. Haftee bu'aa bosonaa (gaatiraa, baargamoo fi paayinasii) fi haftee xaawulaa (Qoraan, shifishaafii fi kkf)

B. Muka Ijaarsaa dhaabbii, gudeelcha baargamoo,

C. Utubaa baargamoo Damee Finfinneedhaan ala jiru,

D. Xaawulaa baargamoo,

E. Meeshaalee woorkishoopii,

F. Omishaalee diipoo keessatti gurguramu,

G. Omishaalee/Tajaajila dhaabbanni bakka bu'umsa kennu,

H. Omisha Kuduraa fi Muduraa yeroo isaa eegee caalbaasiin gurguramuu qabu,

I. Omisha sadarkaa Dameetti dhaalame,

J. Kiraa konkolaataa, maashinarii fi Gamoo,

K. Kiraa bakka bashananaa (ikkoo-tuuriizimii),

L. Dameen Shaggar omisha isaa guutumaan guutuutti diipoo isaa keessatti kan gurguru yoota'u, akka barbaachisummaa isaatti Mgt Dhaabbataa qorachisee omishoota murtaa'e sadarkaa dhaabbataatti ol kaasuu ni danda'a.

M. Shimala, leemana,

N. Omisha/Tajaajila Waajjiraalee Mootummaa fi Dhaabbilee Misooma Mootumma,

**13.4. Aangoo Distiriiktii:**

Omishaaleen,Tajaajilaa fi meeshaalee armaan gadii sadarkaa Distriiktiitti gurguramuu ni danda'a.

A. Omisha kununsa bosonaa irraa argame

B. Omisha diippoo galu,

C. Omishaa diippoo irraa fageenya qabu ykn bakka diipoon hin jirretti seerri galii fi baasii omishaa eegamee adeemsa gurgurtaan hawaasa naannootti iddoodhuma omishametti abbaa warraa tokkoof waggaatti hanga $M^3$shanii gurguruun ni danda'a

D. Omisha sadarkaa Distriiktiitti dhaalame,

E. Omisha Kuduraa fi Muduraa qinxaaboodhaan gurguramu,

F. Omisha Intarpiraayisiin Maayikiroo fi Xixiqqaa (IMX) Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosonaa Oromiyaa bakka bu'anii hawaasa bal'atti qinxaaboodhaan akka gurguran bakka bu'umsi kennamee fi dhaabbata waliin waliigaltee malattessan akkaataa waliigaltee jiruun gurgurtaan ni raawwata.Gurgurtaan kun IMX omisha tajaajila mataa isaaniif bitatan hin ilaalatu.

G. Biqiltuu hojii dhaabbatichaatiin ala hawaasatti gurguramu.

H. H.Shimala, leemana, qoraan, kortaamee, sagaaturaa,

I. Muka ijaarsaa qinxaabootti gurguramu,

**13.5. Aangoo Giddugala Qophii Kuusaa Sanyii Muka,**

Giddugalli qophii kuusaa sanyii muka Diimaa fi kan gara fuuladuraattis Dhaabbatichi akka barbaachisummaa isaatti hundeessu sanyii mukaa funaanan gatii qoratamee mirkanaa'uun gurguruu ni danda'u.

**13.6. Aangoo Paarkiiwwan Biyoolessaa Dhaabbaticha jala jiran**

Paarkiiwwan Biyoolessaa Dhaabbaticha jalatti tajaajila kennaa jiran gatii qoratamee dhiyaatuuf bu'ura gochuudhaan maallaqa Turistoota biyya alaa fi keessaa irraa argamu nagaheen sasaabanii galii akka ta'u ni taasissu.

**14. Daangaa Mallattoo waliigaltee gurgurtaa**

1. Waajjira Ol'aanaa irratti Daarektara Ol'aanaa, Itti Aanaa Darektara Ol'aanaa Damee Degarsaa, Darektara Dar. Karooraa fi Gabaa fi kan Darektra Ol'aanaan bakka bu'an
2. Damee Irratti Hojii Gaggeesaa Damee fi kan isaan bakka bu'an,
3. Distiriiktii irratti Itti gaafatamaa Distiriiktii,
4. Giddugala Qophii Kuusaa Sanyii Mukaa Itti Gaafatamaa gidugalichaatiin kan raawwatamu ta'a.

**Kutaa Jaha**

**Tumaalee Adda addaa**

**15. Fooya'insa Qajeelfama kanaa**

Yeroo barbaachisaa ta'etti Abbaan Taayitaa qajeelfama kana fooyyeessuu danda'a.

**16. Qajeelfamoota raawwatiinsa hin qabaanne**

Qajeelfamoonnii fi barmaatileen qajeelfama kanaan walitti bu'an fudhatama hin qaban

**17. Yeroo qajeelfamni kun hojiirra itti oolu**

Qajeelfamni kun ji'a Sadaasaa/11/2013 irraa kaasee hojiirra oola

Assaggid Getaachoo

Hogganaa Abbaa Taayitaa To'ataa Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Oromiyaa